# Ibsa Ejjannoo Konyaa Australia Kibbaa (Adelaide)

Gurraandhala 12, 2010

Nuti, miseensoti ABO Konyaa Australia Kibbaa fi ummata Oromo Magaalaa Adelaide keessa jiraannu, gidduu kana haala yeroofi haala dhimma qabsoo Oromoo ilaalchisnee marii godhanneen ibsa ejjannoo armaan gadii baafannee jirra.

Tokkoffaa, miidhaa diinni ummata Oromoofi qabeenya umamaa Oromiyaa irraan gahaa jiru gadfageenyaan xiinxallee jirra. Diinni gama tokkoon mirga dhalootaa ummataa keenyaa sarbuun ummata keenya hidhaafi hiraarsaa jira. Miidhaafi hiraarsaa kun immoo haalaan hammataa kan dhufe malee kan furamaa jiruu miti. Ummata mirga dhalootaa gaafatu hidhuun, qabeenya umamaa isaa saamuun keessattuu bara Wayyaanee kana sanyummaan kan ummata Oromoo addatti baasee hiraarsaa jiruudha.

Ummati keenya qabeenya isaa dhabuun duubattis, lafa dhalootaan qabu irraa dhiibamaafi moggeeffamaa jira. Qabeenyi uumamaa isaas humna qubattuu Wayyaaneen samamaa, kosiifi xuriin warshaalee immoo qe'eefi ardaalee ummata oromoo haalaan faalaa jira. Yeroo kana keessattis ummata diddaafi falmaa mirga dhalootaafi mirga qabeenya uumama isaaf dubbatachuuf yaale mara hidhuufi hiraarsuun haalaan hammaataa akka jiru xiinxallee jirra.

Miidhaafi roorroo hamaa kan ittiin ofirraa buqqisan keessaa tokko qabsoo waan ta'eef, roorroo Wayyaanee jalaa bilisoomsuuf qabsoo keenya daran jabeessuu malee falli biraa hinjiru. Qabsoo abbootii keenya irraa ABOn dhaales kabajaan tiksinee akka galii isaa gahu gochuuf jabaannee hojjachuuf waadaa keenya haaromsinee jirra. Roorroo diinaa qolachuuf, keessumaa gaachana ummata Oromoo kan ta'e Waraanni Bilisummaa Oromoo haleellaa humna qubattuu Wayyaanee irratti yeroo garaagaraa fudhataa jiruuf kabjaafi mararfannoo addaa qabna. WBOn tarkaaffiilee dhiheenna kana Oromiyaa Bahaafi Kibba Bahaatti fudhateenis, ololli diinaa fi gantootaa hundee akka hinqabne mirkaneessee jira. WBO waan qabnu maraan jabeessuufis, deeggarsa keenna daran kan jabeessinee itti fufnu ta'uu irratti walii gallee jirra.

Lammaffaa, gantoonni muraasni qubaan lakkaayaman dhiheenna kana qabsoo ummata Oromo tan haqaa, tan mirga dhala namummaa, fi tan abbaa biyyummaa gananii diinatti harka kennatuun isaanii qabsoo bilisummaa Oromoo daran jabeessa malee taakkuu tokko illee duubatti hindeebisu. Keessaayyuu, qabsoon bilisummaa, kan mirga sabni keenna jaarraa tokkoo oli itti sarbame deebisuuf finiinaa jiru otuu galii isaa hingahiin, waadaa kalee galaniifi irbuu qabatan san osoo bakkaan hingeenne gananii diinatti harka kennatuun isaanii diinummaa saba keennaaf qaban mirkaneessa jennee amanna.

Gantoonni kun qabsoo ummata Oromoo kan goototi kumaatamni kalee isaan bira itti woreegaman, kan dhiigni isaanii qabsoo kana keessatti itti dhangala'e san irraanfatani warra garaa isaaniitiif dhaabbataniidha. Gantooti kun, keessaayyuu yeroo miidhaan ummata keenya irra gahaa jiru dachaan dabalaa yeroo jirutti gochaa saalfachiisaafi qaanessaa kana raawwatuun isaanii kun warra qabsoo Oromo keessa dhokatanii qabsoon Oromo akka fiixa hinbaane gochaa turan ta'uufi worra nukeessa taa'anii diinaaf hojjachaa turan ta'uu gochaan isaanii kunuu isaan saaxilbaaseera. Sababa kanaafis, lafeen ilma Oromoo kalee isaan bira woreegamee sun isaan haa waraantu;

dhiigni qabsaa'ota Oromoo ija isaan affoti qabsoo tana jecha dhangala'e sun isaan haa gubu jechuun gantoota san hunda balaaleffannee jirra.

Gantoonni kun yeroon isaan diinatti harka kennatan yeroo diinni ummata keenna irratti miidhaa nama sukanneesu irraan gayaa jirtuufi, yeroo ummanni keenna bakka hundattuu hidhamaa, garafamaa, mirgi dhala nammumaa isaa sarbamaa, qabeenni isaa samamaa, qe'an abbaa isaa isaarratti gurguramsa jiru kanatti diinatti harka kennatanii isaan gantuma isanii qoofa osso hintaane diinummaa isaan kan mirkaneessuu dha. Gochaa isaanii kun gantummaa, diinummaafi bitamtummaa isaanii kan saxiilbaase jennee fudhanna. Gantoon kunneen moora qabsoo bilisummaa Oromoo keessa fakkaatanii qabsoo teenna woggoota dheeraadhaaf worra dadhabsiisaa tureefi worra qabsoon teenna akka fiixan hinbaane nukeessatti guufu uumaa turee jenne amanna. Kana malees, gantoonni kun lubbuu qabsa'oota Oromoo qabsoo tana keessatti akka maleen darbiteef harka keessaa qaban jennee ni amanna.

Biyyi keenna sa'a ammaa tana harka diina gabroomfataa jala jira. Diina ummata keennaa ammo humna qabu hundatti fayyadamee ummata keenna irrati miidhaa armaan duratti dhagayameefi argamee hinbeenne raawwataa jira. Yeroo ummanni keenna mirga dhalootaa isaa akka malee sarbamaa jiruufi miidhamaa jiru kana irratti "karaa nagayaatin ummata keennaaf qabsoofna," jedhanii ibsa kennuufi dubbatuun isaanii bitamtummaa isaanii daran kan saaxileedha. Kanaaf, gantoonni kun ummata Oromo fi qabsoo Oromoo bakka bu'anii dubbatuufis ta'ee, waa'ee qabsoo Oromo irratti ibsa kennuuf, yookaan immoo waa'ee fuundura Oromo irratti dubbatuuf seexaa hinqaban; egeree Oromoo murteessuu illee hindanda'an. Hanga ammattis miidiyaa diinaatiin ibsa isaan kennaa turan mara ni balaaleffanna.

Sadaffaa, ummanni keenna oduu gantootaafi olola woyyaaneetiin osoo hin dogoggorre akkuma armaan duraatti qabsoo bilisummaa ta ABOtiin hogganamu bira akka dhaabbatuufi falmaa bilisummaa isaa gama hundaan jabeessee akka finiinsu nidhaammanna. Ummanni Oromoos akkuma armaan duraatti tokkummaa isaa eeggatee olola gantootaafi Woyyaaneef osoo gurra hinkennine qabsoo isaa akk itti fufu ni gaafanna.

Dhuma irrattis, qabsaa'onni osoo shara gantoota hin hubatiin doggongoraan harka diina keessa buutanis, akka fedhiifi kaayyoo keessaniin alatti dirqamtanii gantoota wojjin harka kennattan nihubanna. Ekeraan jaallan keessan kan kalee isin woliin waadaa galanii isin biraa worreegamanii, "qabsoo keenna eessaan geettanii galtan?" jedhanii isin gaafataa jira. Nutis hadhallee irra deebinee kan isiniif dhaamnu, seenaan keessan bareedaa kalee sun amma illee haga isin mooraa qabsoo bilisummatti deebi'uuf fedhii hindhabiinitti, hinxuraa'u; hinbadu jenna. Garuu, diddanii mooraa diinaa gabbisuu keessatti yoo hirmaatan isinis akkuma gantoota kalee sanitti seenaa badaatiin yaamamtu. Kanaaf, waadaa seentan san yadataa yeroo isiniif mijaa'etti gara qabsoo saba keessanitti akka deebitan jabeessinee isiniif dhaamna. Oromummaa keessanis garaadhaaf gurgurtanii jiraachuu akka hinfeenes ni abdanna. Haga qabsoo saba keessaniif dirmattanittis, mooraan qabsoo bilisummaa Oromoo harka badhiftee akka isin simattu illee nibeekna. Nutis, waamicha qabsoo irra deebinee isiniif goona.

**Injifannoo Ummata Oromoof!!**
**Gadaan Gadaa Bilisummaati!!**

**Miseensoti ABO Konyaa Australia Kibbaa**
**Guraandhala 12, 2010**